

# Odeeffannoo STD

Nongonococcal Urethritis (NGU) - Oro

## Dhukkuba Daandii Fincaanii (jarmii cabxoo utuu hin dabalatin jarmii addaddattiin dhufa)

### AASSXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata NGU:

- Quunnamtii booda torban 1-3 itti mul'ata
- Dubartootni heduun ykn dhiirotni baayyeen mul'ata kana hin qabani
- Malaa qulqulluu, keelloo ykn adiitu meeshaa dubartii keessaa ba'a
- Dhagna dubartii keessaa dhangala'atu baha ykn ni guba
- Yammuu fincaan fincaa'amu ni guba ykn ni dhukkuba

### HAALA DADDARBIINSA ISAA

NGU' n haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii
- Quunnamtii saalaakaraa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu

### XAAXAWWAN/BOODDEE

NGU' n osoo hin waldhaanamin yoo hafe:

- Dhibee cimaa kan biraatti ni geessa
- Qaammii ittiin wal-horan miidhamuu danda'a
- Dubbartiinis dhiirris dhaboo ta'uu ni danda'u
- Namoota quunnamtii saalaa waliin gootu birootti daddarbuu ni danda'a

Ulfaa'uu fi NGU:

- Haati dhibamtuun jarmii isee daa'ima reef dhlatutti dabarsuu ni dandeessi
- Mucaan dhibee kanaan qabame dhibee ijaa ykn namoonyaa godhachuu ni danda'a

### ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa NGU xiqqeessuuf fayyadan:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii fi karaa hudduu yoo goote *latex kondomiin* itti sirriitti fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami

- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii arraabuun ykn karaa hudduu yoo goote ittisa *latex* ykn laastika wa'ii fayyadami (ittisa ilkaanii ykn *kondomii* bakka lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota waliin quunnamtii saalaa gootu xiqqeessi
- Yoo dhibee kanaan qabamuu kee shakkite dooktora ykn dhiyeessitoota fayyaa biroo bira dhaqiiti ilaalami (xiinxalami)
- Qabamuu kee namoota quunnamtii saalaa waliin gootu birootti dafii himi
- Namootni ati quunnamtii saalaa waliin gootu ilaalamuu fi waldhaadhamuu isaanii mirkaneessi

### DAWAA/YAALA

Yaala NGU:

- Dawaa dooktora biraa fudhatamuun NGU n fayyuu ni danda'a
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhan wal-faana waldhaanamuu qabu

HUBADDU: Nammi al-tokko qabamee eerga yaalame booda deebisee qabamu ni danda'a.

### ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division  
STD and HIV Section  
Minnesota Department of Health  
P.O. Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
(651) 201-5414; (651) 651-5797 TTY: [www.health.state.mn.us](http://www.health.state.mn.us)

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa  
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)  
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)  
[www.stdhotline.state.mn.us](http://www.stdhotline.state.mn.us)

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,  
STD tiifi AIDS  
(CDC National STD and AIDS Hotlines)  
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; [www.cdc.gov](http://www.cdc.gov)

